ADDA BILISUMMAA OROMOO (ABO-WBO)

OROMO LIBERATION FRONT-OROMO LIBERATION ARMY (OLF-OLA)

JAARMAYAA ABO-WBO BIYYA ALAA **OLF-OLA FOREIGN ORGANIZATION AFFAIRS**

Date: *September 19, 2026* **Nr.:** *IEABO WBO/09-07-2026*

Guyyaa: *Fulbaana 19, 2026* **Lakk.:** *IEABO-WBO/09-07-2026*

Irra: Jaarmiyaa ABO-WBO Biyya Alaa

Gara: Jaal/Obbo/Aaddee/Dr./Lub/Shehk/Past: _____

Dhimma: Waamicha Kabaja Guyyaa FDG Irraa Qooda Fudhachuu

Guyyaan Fincila Diddaa Garbummaa (FDG), Sadaasni 9, Ummata Oromoo mara biratti guyyaa seena-qabeessa dha. Guyyaa kabajamaa kana Jaarmayaan ABO-WBO Hawaasa Oromoo waliin sadarkaa idil-addunyaatti Sadaasa 7, 2026 kabajuuf waltajjii Zoom irraan qopheessee jira. Yaadannoo guyyaa FDG kana hawaasa Oromoo biyya ambaa fi keessaa kan waliin kabajee oolu ta'a. FDG ilmaan Oromoo Sadaasa 9, 2005 eegalan Guyyaa seenaa qabsoo bilisummaa Oromoo keessatti guyyaa warraaqsa fi jijjiirama bifa haaraan eegalamuu keessatti boqonnaa haaraa banee ta'ee hawaasa Oromoo hunda waliin kabajamee oolu qofa otoo hin taane, guyyaa itti waliin dhimma Qabsoo Bilisummaa Oromoo irratti maryanu fi Qabsoo Bilisummaa Oromoo tarkaanfachiisuuf itti Irbuu keenya haaromfatnu ta'a. Haala kanaan Sadaasni 7, 2026 Waggaa 21ffaa Guyyaa FDG gaafa yaadannu; haala siyaasa Oromiyaa, Impayera Itiyophiyaa, Gaanfa Afrikaa fi Sadarkaa idil Addunyaatti wal-hidhatu, akkasumas dhiibbaa inni qabsoo bilisummaa Oromoo fi walabummaa Oromiyaa irratti qabu ilaalchisee jaallan dirree waliin mariin gaggeeffama.

Guyyaa kanatti Gootota fincila diddaa garbummaa keessatti saba keenyaaf aarsaa guddaa baasan yaadachaa, bu'aa bahii qabsoon bilisummaa Oromoo keessa dabartee fi keessa jirtu, carraa of-dura dhalachuuf deemu irratti wal-qopheessuuf mariin qabsaawotaa fi haayyota Oromoo waliin gaggeeffamu irraa akka qooda fudhattan; akkasumas, qabsoo uummati keenyi jaarmayaa ABO-WBO waliin gaggeesseen injifannoolee dirree lolaa keessatti galmeesse, injifannoo gama siyaasaan goonfate, injifannoo gama diplomasiin argame mara wal dhageessisuun egereef wal damboobsuun galaa qabsoo walii guduunfuun ni jiraata.

Kanaaf, kabaja guyyaa FDG irraa akka qooda fudhattan, miseensota hawaasaa, afooshaa fi waldaalee keessa jiran marti akka irratti argamtan jaarmayaan ABO-WBO biyya alaa kabajaan isin afeeree jira.

Injifannoon Uummata Oromoof!

Jaarmiyaa ABO-WBO Biyya Alaa

Guyyaan: Sadaasa 7, 2026

Yeroo: Akka Oromiyaatti Galchuuma booda Sa'aa 7:00pm, akka DCtti Guyyaa Sa'aa 12pm, Akka Gidduu Galeessa Awuropaatti Sa'aa Booda 6:00pm

Bakki Walgahii: Mana Zoomii armaan gadii keessatti

https://us02web.zoom.us/j/88137764101?pwd=MDcrd2dYb3BxOHlJS2M3bnR3WVVXdz09